SEERA LAFAA

(Labsii Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, Lak. 248/2015 fi Labsii Liizii 721/2004 Irratti Kan Xiyyeeffatu)

Leenjifamtoota LHD Marsaa 2ffaaf Qophaa'e

Dassaaleny Birhaanuu fi Milkii Makuriyaa

Caamsaa 2015

XIYYEEFFANNOO LEENJICHAA

1. SEERA LAFA BAADIYYAA
   - LABSII 248/2015
   - DAMBII 151/2005
2. SEERA LIIZII LAFA MAGAALAA
   - LABSII 721/2004
   - DAMBII 182/2008
   - QAJEELFAMA 04/2008

Labsii Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, Lak. 248/2015

QABIYYEEWWAN IJOO LEENJICHAA

- Labsii Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, Lak. 248/2015 fi Labsii Liizii 721/2004 ilaalchisee:
  - Haala argannaa lafaa fi haala dabarsaa
    - Kennaa
    - Dhaala
    - Wabummaan Qabsiisuu
    - Kireessuu, Waliin misoomsuu, waljijjiiruuu, kkf
  - Biqiltuuwwan dhaabbataa
  - Gochaawwan dhoorkaman
  - Hiikkaa waldiddaa falmii lafaa
  - Darbiinsa yeroo falmii lafaa, kkf

DAANGAA RAAWWATIINSAA

1. Labsiin kun lafa **baadiyyaa** naannicha keessatti argamu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2. Qabiyyeen lafa baadiyyaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin abbaa qabiyyee harkaa **osoo hin fudhatamiin daangaa bulchiinsa magaalaa jala gale** irratti raawwatiinsa ni qabaata

- Hiikoon **"lafa baadiyyaa"** f kennamee tures 'lafa daangaa bulchiinsa ganda baadiyyaa keessatti argamu ta'ee, lafa akkaataa labsii kana keessatti tumameen daangeffamee pilaanii magaalaa jala galee **walharkaa fuudhinsi hin taasifamne** hunda kan dabalatuudha' hiikkoo jedhuun fooyya'ee jira.
- Kunis caalaatti mirga abbaa qabiyyeef eegumsa kan taasisudha.

QAJEELTOOWWAN BU'UURAA

1. Mirgi abbummaa lafa baadiyyaa … kan hin gurguramne yookiin kan hin geeddaramne, qabeenya gamtaa ummata naannichaati.
2. Garaagarummaa malee qabiyyee lafa baadiyyaa argachuufi kunuunsuuf mirga walqixa
3. Abbaan qabiyyee yeroon osoo hin daangeeffamiin qabiyyee lafa isaatti fayyadamuuf mirga ni qabaata.
4. Karooraa ittifayyadama lafaafi eegumsa naannoo
5. Qaama miidhamtootaa, dubartootaafi dargaggoota hojii dhabeeyyiif dursa
6. **Fayyadamummaa qonnaan bulaa…**

MIRGA ABBAA QABIYYUMMAA VS MIRGA ITTI FAYYADAMAA LB

- Labsii haaraa keessatti mirgi abbaa qabiyyummaa fi itti fayyadamaa lafa baadiyyaa adda bahee hiikamee jira.
- Mirgi abbaa qabiyyummaa mirga bal’aa:
  - Haala karooraa ittifayyadama lafaatiin misoomsuu, ittifayyadamuufi gochaalee seera qabeessa ta’an kan biroof oolchuu, qabiyyee lafa isaa irraa karaa seeraan ala ta’een buqqa’uu dhabuu, dantaa ummataaf lafichi yammuu barbaadamu akkaataa seera rogummaa qabuun dursa mirga beenyaa argachuu, kireessuu, waliin misoomsuu, dhaalchisuu, kennaan dabarsuu, laficha irratti qabeenya horachuu, walitti aanfachuu, waljijjiruu, qabeenyaa laficha irratti horatame akkaataa labsii kana keessatti tumameen **dabarsuu, mirga ittifayyadama lafaa qabsiisuun dhaabbilee faayinaansii beekamtii seeraa qaban irraa maallaqa liqeeffachuufi** kan biroo kan dabalatu yoo ta’u;

...

- Mirgi itti fayyadama lafaa
  - Akkaataa karoora ittifayyadama lafaatiin mirga abbaan qabiyyee kamiyyuu misoomsuu yookiin mirga kireessuu yookiin laficha irratti qabeenya horachuu yookiin qabeenya laficha irratti horatame akkaataa labsii kana keessatti tumameen dabarsuu yookiin mirga ittifayyadama lafaa akkaataa labsii kana, dambiifi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf bahuutiin **wabummaan qabsiisuun liqeeffachuu yookiin mirgoota abbaa qabiyyummaa jijjiirsisuu hin dandeenye** biroo kan dabalatu akka ta'eetti adda bahee hiikameera.
  - Gara garummaan mirgoota kanaa inni bu'uura namni mirga abbaa qabiyyummaa qabu mirga abba qabiyyummaa karaa jijjirsisuu danda'uun nama biraatti mirga kana dabarsuu kan danda'u yoo ta'u namni mirga itti fayyadamaa qabu garuu mirgoota abbaa qabiyyummaa jijjiirsisuu hin dandeenye kan qabaatu dha.
- Hiikkoowwan kun kanaan dura akkaata kanaan adda bahee hiikamee hin jiru.

Waraqaa ragaa yookiin kaartaa abbaa qabiyyee

- **“Waraqaa ragaa yookiin kaartaa abbaa qabiyyee”** ragaa biraatiin hanga hin faallefamnetti **ragaa abbaa qabiyyummaa** mirkaneessuuf.
- **Murtii Mana Maree Federeeshinii, Lg 33/09, 2012, Jiildii 3ffaa, Fu 40**
  - falmiin bitaa fi mirga jidduu jiru – gareen tokko qabiyyeen lafaa tokko lafa waloo keenyaa ti kan jedhu yoo ta;u, gareen biraa immoo qabiyyichi kan waragaa irratti qabnu kan dhuunfaa keenyaati kan jedhu dha.
  - DHIMMWO - waamamtootni ‘ragaa abbaa qabiyyummaa’ waan qabaniif qabiyyicha irratti mirga kan qabani dha jechuun murteesse
  - **Manni Maree Federeeshinii**:
    - ragaan abbaa qabiyyee dhiyaatee fi waajjira sadarkaa aanaatti jiruun kenname haqamaa kan qabuu fi fudhatama kan hin qabne dha.
    - lafichis qabiyyee waloo dheedichaa ta’ee bara 1966 kan kenname ta’uun mirkanaa’eera jechuun murteesseera.

Gibira maqaa ofiitiin kaffalaa turuun mirga abbaa qabiyyummaa mirkaneessuuf ni gargaaraa?

Dhimma Mana Maree Federeeshiniitiin murtii argate, LG 08/07, 2012, Jiildii 3ffaa

- Iyyattuun: waamamtootni erga abbaan warraa koo du’ee as waliigaltee afaaniitiin lafa kiyya qotanii waliin akka fayyadamnuuf waliigallus akkaataa waliigalteetiin waan raawwachuu didaniif akka gadi naa lakkisanii jechuun falmite
- Waamamtootni: qabiyyee kana gariin isaa bittaan, gariin immoo kiraan argachuun yeroo dheeraa itti fayyadamaa turuu falman.
- MM jalaa: himanni jalqaba itti dhiyaate: waamamtootni waggaa 10 ol gibira kaffalaa kan itti fayyadamaa turan waan ta’eef kana irraa fudhachuun rakkoo diinagdee fi hawaasummaa cimaa waan hordofsiisuu fi iyyattuun/ijoolleen iyyattuu itti fayyadamaa kan hin turre waan ta’eef waamamtootaatni qabiyyicha gadi lakkisuu hin qabani jedheera.
- Manni Marichaa: Murtiin mana murtii heera mootummaa kwt 40(3) waliin walitti bu’a jechuun diige.

GAAFFII MARII

- Garaagarummaan himannaa abbaa qabiyyummaa fi jeequmsi narraa haa dhabbatuu maali?
- Himannaan kunneen waliin altokko dhiyaachuu/mm tiin ilaalamuu danda’uu?
- Namni himannaa gosa isa tokkoon himatee itti murtaa’e himanna gosa isa biraa dhiyeessuu danda’aa? Falmiin ‘resjudicata’ irratti dhiyaachuu hin danda’uu?

DHADDACHA IJIBBAATAA MMWO LAK.GA.132370 (DHIMMA 1FFAA)

- Himataan jalaa obbo gammachuun idaa isa irra jiru kanfaluuf jedhee obboo dobocitti lafa isaa qarshii 1,500n itti gurgure ture. Obboo doboc bittaa kana irratti hundaa’ee na jeeqe jedhee obbo gammachu mana murtii hawaasummaa gandaatti himate
- MM hawaasummaatti ob Dobociif murtaa’e.
- Itti aansuunis obbo Doboc ob. Gammachuun qabiyyee koo bara 1997 qabee gibira itti gabbaree itti fayyadamaa ture irratti na jeeqe jedhee MMA Ada’aattii yoo himatu himatamaan hin jeeqne lafti kun kooti jedhee falme.
- MMA: himaticha kufaa taasise.

>>DHIMMA 1FFAA

- MMO fi MMW DHDHB – dhimma kana irratti kana dura hanga MMWOtti walfalmanii obbo gamachuun jeequmsa uumuu akka dhaabu kan itti murtaa’e waan ta’eef lafa kana obbo Dobocif akka gad dhiisu jedhee murteesse.
- Murtee kana DhDhB MMWOs ni cimse.
- DhiMMWO: murteen duraan kennames dhimma jeequmsaa irratti malee dhimma abbaa qabiyyummaarratti miti. Kana waan ta’eef murtii mana murtii hawaasummaa gandaa heera mootummaa fallessuun kenne irratti hundaa’uun lafa kana obbo Doboc haa argatu jechuun fallaa heera fi seerati jechuun murteesse.

HAALA ARGANNAAFI ITTIFAYYADAMA LB

KWT 7. MIRGA ARGANNAA LAFA BAADIYYAA

- Lafa baadiyyaa tolaan mootummaa irraa argachuu (W18 ol, **daa'imman, dubartootni**)
- Dhaabbileen mootummaa
- **Ummanni waliin ta'uun** lafa dheedichaa, burqaa bishaanii, bakka amantii, bakka awwaalchaa, bakka aadaasaa itti calaqqisifatuufi tajaajila hawaasaa biroof oolfatu argachuufkkf
- **Maatii irraa dhaalaan yookiin kennaan argachuu**
- Abbaan warraa yookiin haati warraa gaa'ilaan jiran keessaa tokko lafa baadiyyaa dhuunfanis ta'e waloon kan hin qabne yoo ta'e ni argatu

DHMMWF JILDII 13FFAA, L/G 69291 (DHIMMA 3FFAA)

- Himattuun: bara 1990 qabiyyee lafa koo sangaa sadii qabsiisee himatamaa jalaa iyyataa ammaa harkaa qarshii 1020 fudheera.
- Booda qarshii kee fudhadhuutii qabiyyee koo naaf deebisi jennaan na dide jechuun himatte.
- Himatamaan: lafa koo naaf deebisi jechuun himattuu sirrii miti.
- MMA: lafa sangaa sadii keessaa himatamaan lafa sangaa tokko himattuuf haa deebisu.
- MMO: waliigalteen umame **seeraan ala** jechuun iyyataan **mana** lafa waamamtuu irratti ijaare **kaafatee lafa himattuu jalaaf haa deebisu**
- MMWO murtii MMO diige. DhIMMWO immoo murtii MMO cimseera.
- DhIMMWF murtii MMO fi DhI Naannoo cimse.

JILDII 13FFAA, L/G 69291

ከላይ የተያዘውን ጭብጥ ለመወሰን በመጀመሪያ አመልካች ከተጠሪ ጋር ህዳር 10 ቀን 1990 ዓ.ም አድርጌዋለሁ የሚለውን ውል ይዘትና መሠረታዊ ባህሪ መመርመር አስፈላጊ ሆኖ አግኝተነዋል። አመልካች የተለያየ ንብረት አፍርቸበታለሁ የሚለው የእርሻ መሬት የተጠሪ ህጋዊ ይዞታ መሆኑን አልካደም። አመልካች የሚከራከረው ተጠሪ ከፍተኛ የሆነ የገንዘብ ችግር አጋጥሟት እኔ ብር 1020 /አንድ ሺህ ሃያ ብር/ ለችግር ማቅለያ እንዲሆናት ሰጥቻት ተጠሪ የእርሻ መሬቱን እኔ እንድጠቀምበት ሰጥታኛለች። የእርሻ መሬቱንም ከሰጠችኝ አስር ዓመት ያለፈው ስለሆነ ተጠሪ የእርሻ መሬቴን ይልቀቅልኝ በማለት ያቀረበችው ክስ በይርጋ ይታገዳል በማለት ነው። በእኛ በኩል አመልካች ከተጠሪ ጋር ህዳር 10 ቀን 1990 ዓ.ም የተዋዋለው ውል በመሠረታዊ ይዘቱ አመልካች ለተጠሪ በሰጣት ብር 1020 /አንድ ሺህ ሃያ ብር/ መክፈያ እንዲሆን ተጠሪ ሶስት ቀርጥ መሬት ላልተወሰነ ጊዜ እንዲጠቀምበት ግዴታ የገባች መሆኑን የሚያሣይ ነው። ውሉ በመሠረታዊ ይዘቱም ሆነ በባህሪው ተጠሪ በመሬቱ ላይ ያላትን የመጠቀምና የይዞታ መብት ለዘለቄታው ለአመልካች በብር 1020 /አንድ ሺህ ሃያ ብር/ ለመሸጥ የተስማማች መሆኑን የሚያሣይ ነው።

አመልካች ከተጠሪ ጋር አድርጌዋለሁ የሚለው ውል በመሠረታዊ ይዘቱና ሞራላዊ ባህሪው በህገመንግስቱ አንቀፅ 40 ንዑስ አንቀፅ 3 እና በህገመንግስት አንቀፅ 40 ንዑስ አንቀፅ 4 የተደነገገውን የአርሶ አደሮች የመሬት ባለይዞታ የመሆንና በመሬት የመጠቀምን ከይዞታቸው ያለመፈናቀል መብት የሚጥስ ከሆኑ በኋላ የፌደራል መንግስት ያወጣውን አዋጅ ቁጥር 456/97 እና የኦሮሚያ ክልል ምክር ቤት ያወጣውን አዋጅ ቁጥር 130/99 ድንጋጌዎች የሚቃረን ህገወጥ የሆነ ውል ነው። ውሉ ህገወጥ ውል በመሆኑ ተጠሪ ውሉ እንዲፈርስ ያቀረቡት ጥያቄ በይርጋ የሚታገድ አይደለም። ስለሆነም አመልካች ብር 1020 /አንድ ሺ ሃያ ብር/ በመክፍል የተጠሪን ሶስት ቀረጥ የእርሻ መሬት ለዘለቄታው ለመውሰድ የተዋዋለው ውል ህገወጥ ውል በመሆኑ ውሉ ፈራሽና ውጤት አልባ ነው በማለት የአርሲ ዞን ከፍተኛ ፍርድ ቤትና የክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ሰበር ሰሚ ችሎት የሰጡት ውሣኔ የህገ መንግስቱንና የፌደራሉ መንግስት ያወጣውን አዋጅ ቁጥር 456/97 እና የኦሮሚያ ክልል ያወጣውን አዋጅ ቁጥር 130/99 ድንጋጌዎች መሠረት በማድረግ የተሰጠና የህግ ስህተት የሌለበት ነው በማለት ወስነናል።

DHI MMWF, JIILDII 6FFAA, L/G 27739 (DHIMMA 4FFAA)

- Himataan MM **jalaa iddoo duwwaa himatamaa jalaa irraa bitee mana irratti ergan ijaaree booda, manicha maqaa kootti naaf jijjiiruu dide** waan ta'eef dirqamaan akka naaf jijjiiruu jechuun himateera.
- Himatamaan jalaas - waliigalteen seeraan ala ragga'uu hin qabu
- MMA waliigalteen ragga'uu qaba
- MMO - waliigalteen diigamee, baasii manichaaf bahe oliyyataan gaafachuuf mirgi isaa eegamaa dha
- MMWN – murtii MMO cimsee dabalataanis manicha diigee haa kaafatu.
- DhIMMWF – dhimmichi **sababa himannaa hin qabu**, s/d/f/s/ 231 tiin cufamuu osoo qabuu dhimmicha falmisiisuun dogoggora.

DHI MMWF, JIILDII
6FFAA,
L/G 27739

በዚህም መሠረት ለክርክሩ መነሻ የሆነው ጉዳይ ባዶ ቦታን የሚመለከት እንደመሆኑ የመሬት ባለቤት መንግሥት መሆኑ ግልጽ ሆኖ እያለና በአመልካችና በተጠሪ መካከል የተደረገው ውል ከመነሻውም ፈራሽ መሆኑ እየታወቀ ወይም መታወቅ ሲኖርበት ጉዳዩ የክስ መሠረት እንዳለው ተቆጥሮ መስተናገዱ ተገቢ ሆኖ አልተገኘም። ምንም እንኳ የክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤትም የከፍተኛው ፍርድ ቤት በሕገ ወጥ ውል ሣቢያ የአመልካችን

ክርክር ውድቅ ማድረጋቸው አግባብ ቢሆንም የአመልካችን ጥያቄ ውድቅ ማድረግ የነበረባቸው ጉዳዩን ከክስ መሠረት መኖርና አለመኖር አኳያ በማጤን ነበር። ምክንያቱም የክስ መሠረት ሣይኖር ጉዳዩ እንዲስተናገድ በመደረጉ አመልካችና ተጠሪ በየደረጃው በተሰጡ ውሣኔዎች አንዱ የፍርድ ባለመብት በሌላ ጊዜ ደግሞ የፍርድ ባለእዳ ለመሆን ተዳርገዋል። ለዚህም አመልካች በወረዳው ፍርድ በተደረገው ክርክር የፍርድ ባለመብት ሲሆኑ በክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት በተሰጠው ውሣኔ የፍርድ ባለእዳ መሆናቸውን መጥቀሱ ይበቃል። ሆኖም የክስ ማመልከቻው የቀረበለት የወረዳው ፍርድ ቤት በፍ/ብ/ሕ/ሥ/ሥ/ቁ. 231/1/ መሠረት ማመልከቻው የክስ መሠረት መኖሩን አላመለከተም በማለት ተጠሪን ሣያስቀርብ ክሱን መዝጋት ሲኖርበት ግራ ቀኙን አከራክሮ መወሰኑ ተገቢነት እንደሌለው እየታወቀ የመጨረሻ ውሣኔ የሰጠው የክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ይህን ነጥብ ትቶ ጉዳዩ የክስ መሠረት እንዳለው አድርጎ መወሰኑ መሠረታዊ የሕግ ስህተት ያለበት በመሆኑ ውሣኔው መሻሻል ያለበት ሆኖ ተገኝቷል።

HUNDEE BIQILTUU DHAABBATAA

- Labsii 130 keessatti hundee biqiltuu dhaabbataa kan akka bunaa, jimaa, maangoo, avokaadoo, paappaayyaa, burtukaanaafi biqiltuu dhaabbataa biroo yookiin hundee muka haadhoo yookiin hundee mukaa kamiyyuu gurguruun dhorkaa akka ta’e tumamee jira.
- Labsiin haaraan dabalataan hundee biqiltuu dhaabbata ykn muka haadhoo ykn hundee mukaa kamiyyuu **hundeedhaan gurguruun dhorkaa** akka ta’eetti tumamee jira.
- Labsiin 248/2015 (kwt 9(3)) bittaa fi gurgurtaan faallaa labsichaa raawwatame fudhatama kan hin qabneefi bu’aa kamiyyuu hordofsisuu kan hin dandeenye ta’ee, namni hundee biqiltuu dhaabbatichaa, hundee muka haadhoo yookiin hundee mukaa bite **beenyaa kamiyyuu gaafachuu kan hin dandeenyeefi** gadilakkisee kan deemu ta’uutu tumamee jira. Labsiin duraa ni callisa.
- Namni biqiltuu dhaabbataa dabalataa laficha irratti horate - irraa kaafachuu ni danda’a.

...

- Oomisha biqiltoota dhaabbataa gurguruun ni danda’ama.
- Haa ta’u malee, **gurgurtaan** kun:
  - Oomishini gurguramu walakkaa bal’ina qabiyyee lafa qonnaan bulaa sanaa kan hin caalle yoo ta’e;
  - Oomishni gurguramu hanga waggaa 3 qofaaf kan waliigalame
  - Haalli adda ta’e (keewwata 9(5)(c)) yoo uumame abbaan mirgaa omisha qabiyyee isaa irratti horate guutummaan gurguruu danda’a!
- Idaa sababeeffachuun yookiin raawwii murtii maallaqaatiif qonnaan bulaan qabiyyee lafasaarraa buqqa’e qabiyyichi nama yookiin dhaabbata kamittuu darbuu yookiin qabamuu hin danda’u.
- Bittaafi gurgurtaan oomisha biqiltuu dhaabbataa **labsiin kun bahuun duratti raawwatames** haaluma oliitiin kan raawwatamu ta’a.

MANA

- Labsiin duraa (130) mana gurguruun mirga garuu namni bite diigee fudhata yoo jedhu,
- Labsiin ammaa (248) immoo qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan manaafi ijaarsa adda addaa karaa seera qabeessa ta’een ijaarrate diigee gurgurachuu ni danda’a.
- Namni mana lafa baadiyyaa irratti ijaarame bite battalumatti kaafachuu qaba. (Kwt 9/13)
- Akkaataa karoora ittifayyadama lafa baadiyyaatiin alatti mana ijaaruun dhorkaadha, ni diigama, mana yeroof keessa jiraataniin alatti.

...

- Sababa naannoo jireenyaa jijjiiruu abbaa manaa yookiin haadha manaa yookiin lamaan isaniitiin mirgi ittifayyadama lafaa hin tuqamu.
- Nama qacaruudhaan, kireessuudhaan yookiin nama misoomsu waliin galii qooddachuudhaan waliigaltee uumanii fayyadamuu ni danda’u.

GAA'ILAA FI LAFA BAADIYYAA

- 10(1) - qabiyyeen lafa baadiyyaa abbaan warraa yookiin haati warraa gaa'ila keessatti mootummaa irra argatan kan waloo isaanii ta'ee kan itti fufu ta'uu.
- 10(2) - qabiyyee gaa'ilaan dura dhuunfaatti qaban yookiin sanaan booda maatii isaanii irraa dhaalaan yookiin kennaan dhuunfaatti argatan akka qabiyyee dhuunfaatti kan galmeessisan yoo ta'e kan dhuunfaa ta'uu.
- 10(3) - lafa kennaa yookiin dhaalmaadhaan dhuunfaadhaan gaa'ila duras ta'e booda argatan **waliigaltee isaanitiin** guyyaa gaa'ila raawwatan ykn sanaan booda qabiyyee waloo taasifachuu danda'u.
- **10(4) - Waggaa 10 fi isaa oliif waliin misoomsuun haala ittifufiinsa qabuun kan ittifayyadaman yoo ta'e**, yeroo kana keessatti jiruuf jireenya isaanii galii laficha irraa argamuun kan bulan yoo ta'ee fi mirga daa'immaniifi dubartii seera irraa maddu kan hin sarbine yookiin kan hin hambisne yoo ta'e - **seerumti akka kan waloo isaanitti kan fudhatu ta'a.**

DHAALA - LB

- Dhaamoodhaan yookiin kennaa du’aan booda hojiirra ooluutiin – seera dhaalmaatu hojiirra oola – kwt 12
- Miseensa maatitu dhaala kan jedhu hafee jira.
- Qonnaan bulaan, yeroo lubbuun jirutti dhaamoodhaan yookiin kennaa du’aan booda hojiirra ooluutiin mirga abbaa qabiyyummaa isaa dhaaltoota bu’uura seera rogumma qabuun dhaaluuf mirga qabaniif dabarsuuf ni danda’a.
- Qabiyyeen dhaaltotaaf yoo qoodamu istaandaardii ooyiruu labsii kana keessatti tumameen gadi kan ta’u yoo ta’e, abbaan qabiyyummaa lafichaa kan waloo ta’ee dhaaltoonni waliigalteedhaan kan ittifayyadaman ta‟a.

DHIMMWF, JIILDI 22, LAK G. 138286 (DHIMMA 11FFAA)

- Himattuun: himatamtuun haadha manaa obboleessa keenyaa taatee erga obboleessi keenya du’ee booda isheen dhaaluuf mirga hin qabdu waan ta’eef akka gadi nuuf lakkiftu akka nuuf murtaahu jedhan.
- Himatamtuun: gama isheen abbaan mana koo erga du’ee waggaa 17 yoo tahu himanni kun darbiinsa yeroon cufamuu qaba
- DhIMMWF: tumaan labsii 130/99 kwt 6/13 fi dambii lakk 151/05 kwt 15 qabiyyeen abbaan warraa fi haati warraa waliin itti fayyadamaa turan yommuu wal fuutota keessaa inni tokko boqatu inni lubbuun jiru mirga kana karaa seera qabeessa ta’e biroon yoo dhabe malee qabiyyichi maqaa isaan galmaahee akka ragaan kennamuuf fi mirgi lafa kanatti fayyadamuu akka itti fufu kaa’a.

JIILDI 22, LAK
G. 138286

ስለሆነም አከራካሪዉ ይዞታ ሥረ-መሰረቱ የአመልካቾች አባት እና እናት መሆኑ በአስተዳደር አካል ቢገለጽም ለተጠሪ ባል በስጦታ መተላለፉን የስር ፍ/ቤት በማስረጃ አረጋግጧል ፡፡በዚህ አኳኋን ባልና ሚስት ሲጠቀሙበት የኖሩትን ይዞታ ባል ማለትም የአመልካቾች ወንድም ስለሞተ ተጠሪ የመዉረስ መብት የላትም ሲሉ አመልካቾች ያቀረቡት ክርክር አግባብነት ባለዉ የመሬት አጠቃቀም አዋጅ ሆነ በኢ.ፌ.ዲ.ሪ ሕገ መንግስት መሰረት ተቀባይነት ያለዉ አይደለም ፡፡በኢ.ፌ.ዲ.ሪ. ሕገ መንግሥት

ከተረጋገጡት የሴቶች የእኩልነት መብት አንዱ መሬትን በመጠቀም ፤በማስተላለፍ፤በማስተዳደርና በመቆጣጠር ረገድ ከወንዶች ጋር እኩል መብት ያላቸዉ ስለመሆኑ የሚደነግገዉ አንቀፅ 35(7) ነዉ ፡፡ ይህንኑ ሕገ መንግስታዊ መብት ለማስፈጸም የወጣዉ የኦሮምያ የገጠር መሬት አዋጅ ቁ/130/99 አንቀጽ 6(13) እና ደንብ ቁ/ 151/05 አንቀጽ 15 ይዘት አንደሚያስገነዝበን ባልና ሚስት በጋራ ሲጠቀሙበት ቆይተዉ ጋብቻቸዉ በአንደኛዉ ተጋቢ ሞት ምክንያት ሲቋረጥ በህይወት ያለዉ ተጋቢ በሌላ ሕጋዊ ምክንያት መብቱ ካልተቋረጠ በስተቀር ይዞታዉ በስሙ ተመዝግቦ ደብተር እንደሚሰጠዉና በዚህ ይዞታ መጠቀም መብቱ እንደሚቀጥል ነዉ ፡፡

በተያዘዉ ጉዳይ ቀደም ሲል ይዞታዉ ለተጠሪ ባል በስጦታ ተላልፎ በተጠሪና በባለቤቷ ስም ተመዝግቦ በጋራ ሲጠቀሙበት ቆይተዉ የተጠሪ ባል ሲሞት ከ2000ዓ.ም ጀምሮ በተጠሪ ሰም ተመዝግቦ ተጠሪ እየተጠቀመችበት ስለመሆኑ የኦሮሚያ ጠ/ፍ/ቤት ይግባኝ ሰሚ ችሎት በማስረጃ አረጋግጦ ተጠሪ መሬቱን ልትለቅ አይገባም በማለት የሰጠዉ ዉሳኔ እና ይህንኑ በማጽናት የኦሮሚያ ጠ/ፍ/ቤት ሰበር ሰሚ ችሎት የሰጠዉ ትዕዛዝ መሰረታዊ የህግ ስህተት የተፈጸመበት ሆኖ አላገኘንም ፡፡

KENNAA - LB

Labsii 130/1999 kew.9(5)

- Miseensa maatii kan galii biraa hin qabneef, ykn
- Lafa dhabeeyyii ijoolle isaatiif

Labsii 248/2015 kew.13

- Ijoollee isaa yookiin ijoollee ijoollee isaatiif kennaadhaan dabarsuu ni danda‟a.
- Ijoolleen kan hin jirre yoo ta’e abbaa yookiin haadha yookiin obboleewwaan isaaf kennaan dabarsuu ni danda’a.
- Qabiyyee yookiin biqiltuu dhaabbataa qabu keessaa walakkaan ol kennaan kan darbu yoo ta’e fudhatama hin qabaatu.
- Mirga abbaa qabiyyummaa lafaa qabu yeroo gaa’ila raawwatutti waahila isaa gaa’ila waliin raawwatuuf qabiyyee dhuunfaa yookiin kan waloo isaanii taasisuun kennuu ni danda’a.
- Qabiyyeen lafa baadiyyaa waloon qabame kennaan dabarsuuf abbaan warraafi haati warraa yookiin abbootiin qabiyyee waloo yoo irratti waliigalan qofaadha.
- Waliigalteen kennaa kamiyyuu barreeffamaan ta’uu qaba.
- Waliigalteen kennaa caasaa biirichaa sadarkaa aanaa irra jirutti galmaa’uu qaba. Waliigaltichis guyyaa galmaa’e irraa eegalee kan ragga’u ta’a.

DHIMMA 8FFAA (DHIMMWF)

- Himatamaan jalaa lafa yeroo gaa'ila raawwatu 'mana bahaa' kennameef waggaa 20 oliif /1986-2006/ itti fayyadamaa kan ture ta'uun mirkanaa'ee waan jiruuf, lafichi maqaa nama kennaa kenneetiin hanga ammaa galmaa'ee argamuunifi **gibirri maqaa isaatiin (namicha kennaa kenneen) kaffalamuun qofti qabiyyeen lafichaa waliigaltee kennaadhaan hin dabarfamne hin jechisiisu**
- Kanaaf namni kun qabiyyicha akka gadi lakkisu gochuun mirga heerawaa iyyataan qabiyyee ofii irraa buqqa'uu dhabuuf qabu kan cabsu dha.
- Labsii lakk.130/99, keewata 2(3), kwt 9/5/, SHH kwt 1149(2) tiin ilaalama.

KENNAA VS DHAALMAA

- Namni kennaadhaan mirga abbaa qabiyyummaa dursee argate, hanga osoo kennaan hin raawwatamne ta'ee dhaalmaan argachuu danda'u qofa dhaala.
- Hangi qabiyyeen kennaan argate hanga dhaalmaan argachuu danda'uu ol yoo ta'e qabiyyee kennaa argate qabatee kan hafuu fi dabalataan dhaalmaadhaan kan hin arganne ta'a.
- Kennan haala irratti hunda'ee kenname naaf haa diigamu jedhamee himannaan dhiyaatu haalichi yeroo uumamee yookiin uumamuu isaa namni kennaa kennu yeroo beekee irraa kaasee yeroo waggaa 2 keessatti dhiyaachuu qaba.

KIREESSUU

- Qonnaan bulaan kamiyyuu, qabiyyee lafa harkasaa jiru keessaa hanga walakkaa isaa kireessuu ni danda'a.
- Waliigalteen kiraa lafa baadiyaa barreeffamaan ta'uu fi Mirkana'ee galmaa'uu qaba.
- Waliigalteen kunis bal'ina lafichaa, bara waliigaltichaa, hanga kaffaltiifi haala kaffaltii ifatti kan mul"isu ta'uu qaba.
- Yeroo hanga waggaa lamaatti turuuf kan walii galamee yoo ta'e Bulchiinsaa gandaa lafichi itti argamutti;
- Yeroo waggaa lamaa oliif kan waliigalamee yoo ta'e immoo waajjira lafaa aanaatti galmaa'a
- Dhimma hojii qonnaan ala ta"ee yookiin qonna waliin walitti hidhaminsa hin qabneef kireessuun hin danda'amu

>> KIREESSUU

- Dheerinni yeroo waliigaltichaa qonna aadaatiif waggaa sadii; qonnaa ammayyaatiif waggaa kudhan caaluu hin qabu.
- Sababa umurii, miidhaa qaamaa yookiin dhibeetiin ofii misoomsuu yoo hin dandeenye qabiyyee isaa hunda kireessuu ni danda'a.
- Mootummaan qabiyyee isaa waliigalteen qonna ammayyaatiif yookiin investimentiif kireessuu ni danda'a (kwt 15).
- Abbaan qabeenyaa mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa kiraadhaan mootummaa irraa argate mirga ittifayyadamaafi qabeenya laficha irratti horate wabummaan qabsiisuu ni danda'a (kwt 16/3).

MMWFDHI, GALMEE LAKK. 150773, JIILDII 23FFAA (DHIMMA 9FFAA)

- Qabiyyee lafa baadiyyaa mala aadaatiin misoomu, abbaan qabiyyichaa yeroo **waggaa sadiif hin caalleef** qofa waliigaltee kiraatiin dabarsuuf mirga akka qabuufi waliigaltichis bu’aa seeraa kan qabaatu, yoo qaama aangoon seeraan kennameef biraatti dhiyaachuun ragga’e qofa akka ta’e
- Kanaaf **waliigalteen waggaa 15f** taasifamee fi **qaama aangoon seeraan kennameef biraatti dhiyaatee hin raggaane bu’aa seeraa (mirga) argamsiisu hin qabaatu.**

Dhimma Mana Maree Federeeshinii, LG 913/05, Jiildii 3ffaa, 2012

- Iyyattuun: waggaa 5f malee 50f hin kirreessine jechuun akka gadilakkisuuf himatte
- Waamamaan: lafa qabiyyee iyyattuu ta’e waggaa 50f kiraan argadheera jechuudhaan dabtara abbaa qabiyyummaa itti baafachuu fi gibira itti kaffalaa turuu ibsuun darbiinsa yeroos kaasuun falmeera.
- Manni murtii jalaa: waamamaan waggaa 16f itti fayyadamaa turuu, waliigalteen kiraas waggaa 50 ta’uu mirkaneeffachuu ibsuun falmii darbiinsa yeroo dhiyaate SHH kwt 1168(1), 1845 bu’uura godhachuun himannicha kufaa taasise >> kunis DhIMMWF tti cimeera.
- Mana Meree Federeeshinii: qonnaan bulaan tokko lafa isaa W50f kireessuun qabiyyee irraa isa buqqisa. HM kwt 40/4 faallessa waan ta’eef hojiirra ooluu hin qabu.

WABUMMAAN QABSISUU - LB

- Labsii 130/1999 keessatti mirga hin eeggamne dha.
- Labsii haaraa kwt 17 - yeroo **waggaa 15 hin caalleef** galii laficha irraa argamu bu'ura taasisuun wabummaan qabsiisee dhaabbilee faayinaansii beekamtii seeraa qaban irraa qarshii liqeeffachuu kan danda'u ta'uu.
- Qabiyyee lafaa qabu keessaa walakkaa caaluu hin qabu.
- Liqeeffataan yeroo liqii waliigaltee irratti ibsame keessatti liqii isaa kan hin kafalle yoo ta'e, liqeessaan yeroo liqii irratti ibsameef lafichatti fayydamuuf yookiin ittifayyadama laficha kiraan kennuuf mirga qaba. (yeroo yeroo waliigaltee irratti ibsame hin caalleef)
- WALIIGALTICHI BARREEFFAMAAN TA'EE CAASAA BIIRICHAA SADARKAA AANAATTI ARGAMUTTI MIRKANA'UUN GALMAA'UU QABA.

WALJIJJIIRUU FI WALITTI AANFACHUU

- Karaa karoora ittifayyadama lafaa waliin haala walsimuun lafa hangi isaa walmadaalu waljijjiiruu (kwt 18) fi qabiyyee lafa isaa walitti aanfachuu (kwt 19) ni danda'a.
- Bu'aa misoomaaf mijataa ta'uu waltaatotaaf kan uumu ta'uun mirkana'uu qaba.
- Waliigalteen isaas barreeffamaan ta'ee, galmaa'ee mirkanaa'uu qaba.
- Sababa kaminiyyuu duubatti deebi'uu hin danda'u.

WALIIN MISOOMSUU

KWT 20

- Qabiyyee isaa keessa hanga walakkaa
- Mala aadaatiin yeroo waggaa sadii hin caalleef yookiin
- Qonna ammayyaan yeroo waggaa kudhan hin caalleef
- Nama kamiyyuu waliin
- Waliigaltee barreeffamaan mirkanaa'ee galmaa'een
- Waliin misoomsuu ni danda'a.

MANA MURTII AANAA BADDALLEE, GALMEE LAKK.4061157 (DHIMMA 14FFAA)

Himataan jalaa

- Himata dhiyeesseen waliigaltee afaanii bara 1982 keessa himatamaa jalaa waliin taasiseen, lafa duwwaa sangaa saddeet(8) ta’u kan bosona ofirraa qabu ciruun buna dhaabee misoomsuun qixxee fayyadamuuf waliigaluun buna dhaabuu
- Hanga 2011tti waliin qixxee fayyadamaa turuun amma dhorkachuu ibsuun bunicha qixxeetti akka qooduuf gaafateera.

Himatamaan

- Waliigalteen waliin misoomsuus yoo ta’e bu’uura labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa fi dambiitiin ulaagaa guutee wanti ragga’e hin jiru. Na gaafachuu hin danda’u.

Manni murtii:

- Gaaffiin himatamaan bunichi qixxee akka qoodamuuf gaafatame bu’uura labsii 130/99fi dambii 151/2005 keewwata 7(7fi 8) tiin deeggarsa seeraa hin qabu
- Ta’us qixxee fayyadamuuf misoomsee waan jiruuf bu’uura SHH keewwata 1176 fi 1177(1) tilmaama waggaa kudhanii (walakkaa isaa waan jedhuuf) himatamaan himataaf qarshii 35,000 akka kaffaluuf murteesseera.

ISTANDARDII BAL'INA MAASAA

LABSII LAKK.248/2015 KWT 23

- Hangi qabiyyee lafa yookiin maasaa gara fuulduraatti mootummaan, dhaalaan, kennaanifi qoodinsa qabiyyee abbaa warraafi hadhaa warraan argamu inni xiqqaan:
- Midhaan nyaataatiif heektaara 0.5;
- Jallisiif 0.25; fi
- Biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25.
- Lafa nama dhuunfaatiif mootummadhaan kennamu **heektara 2** kan hin caalle
- Mana amantaaf yookiin bakka waqeeffannaaf - **hektaara 1/2ffaa** ol ta'uu hin qabu
- Bakka awwaalchaa f investimentiif --staandardii biiroon baasuun murtaa'a.

LAFA BAADIYYAA MAGAALA JALA GALU

- Abbaan qabiyyee lafti isaa gara magaalaatti dangeeffame hanga bulchiinsi magaalaa beenyaa kaffaluun qabiyyicha gadi lakkisiisutti mirgi abbaa qabiyyummaa laficharraa qabu itti fufinsaan kan kabajamuuf ta'a
- Lafti Baadiyyaa Bulchiinsa Magaalaa jalatti kan galu yoo pilaanii magaalaan daangeffamee wal harkaa fuudhinsi taasifame qofaa dha.

GIDDUGALA GUDDINA BAADIYYAA

- Jiraattootni ganda baadiyyaa faffaca'anii jiraatan akkaataa bu'uraalee misoomaafi kenna tajaajila mootummaa yookiin miti mootummaa yookiin walii isaanii irraa argachuu danda'anitti qorannoo irratti hundaa'uudhaan giddu galli hundaa'uu akka danda'u
- Sirni kenniinsa iddoo ijaarsa mana jireenyaafi istaandaardiin dambiin baha
- Namni mana istandardii barbaachisu guutee giddu gala ganda baadiyyaa keessatti ijaramee dhaabbilee faayinaansiitti wabummaan qabsiisee maallaqa liqeeffachuu danda'a.

HAFIINSA MIRGA ABBAA QABIYYUMMAAFI ITTIFAYYADAMA LAFA BAADIYYAA

- Faayidaa ummataatiif
- Fedhiidhaan mirga itti fayyadama lafichaa dhiisuu (barreeffamaan kan beeksisee yoo ta'e)
- Nama biraaf dabarsee yoo kenne
- Biirichaan kan irraa fudhatame yoo ta'e
  - Sababa humnaa ol hin taaneen yookiin sababa gahaa tokko malee lafa osoo itti hin fayyadamiin waggaa 2 (lafa roobaa), W1 (lafa jallisii) ol yoo ture;
  - Kunuunsa lafichaaf taasifamuu qabu osoo hin taasifamiin hafuu irraa kan ka'e

AKKAATAA ITTI FALMIIN LB HIIKAMU

- Bu'uura Labsii 130 Fi Dambii 151 Tiin Ifa Kan Hin Turre,
  - Bu'aan Jaarsolii Araraa Maal Ta'uu Akka Qabu Ifatti Taa'uu Dhaabuu?
  - Yeroon Iyyataa Guyyaa 30 Dabarsuun Bu'aa Maal Hordofsiisa? Resjudicata Effect Qabamoo Miti?
  - Jaarsummaan Kun Arbitration Ykn Conciliation Ykn Mediation Dha?
- Labsii Lakk.248/2015 33(1) Jalatti Falmiilee Lafaa Bulchiinsa Gandaa Irraa Eegaluu Qaban:
  - Falmii Daangaa Lafaan Walqabatee Ka'u;
  - Falmii Mirga Abbaa Qabiyyummaa Lafaa Kan Akka Ooyiruu, Lafa Mana Jireenyaa, Dheedichaa, Bishaanii, Jallisiin Walqabatee Ka'u; Yookiin
  - Falmii Dhaaltoota Mirga Dhaalmaa Qabaniifi Nama Mirga Dhaalmaa Hin Qabne Gidduutti Taasifamu.

>>ADEEMSA ARAARA JAARSOLII

- Bulchiinsa gandaatti iyyata isaa ni dhiyeeffata;
- Bulchiinsi gandaa jaarsolee araaraa lama lama filachiisa.
- Walitti qabaan jaarsolee araaraa shanaffaan walfalmitootaan/bulchiinsa gandaan filatama.
- Bakkaafi yeroo walfalmitoonni dhimmi isaanii araraan ilaalamuu murteessuu (W/Q)

Jaarsoleen araaraa:

- Osoo hin loogiin
- Gareen waliin dubbatanii waliigaluun akka hiikkatan ni jajjabeessu;
- Yoo akkaataa kanaan waliigaluu baatan yaada walfalmitootni osoo irratti waliigalanii jedhan dhiyeessu;

DARBINSA YEROO

- Labsii lafa baadiyyaa 130/1999 keessatti waa'een darbinsa yeroo waanti tumame hin turre.
- Dambii 151/2005 kew.32 jalatti … "namnii lafa badiyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu hanga wagga 12 tti gadidhisisuuf darbiinsa yerootiin hin daangeeffamu"
- Labsii 248/2015 kwt 53
  - Namni lafa qabiyyee mootummaa yookiin waliinii yookiin dhuunfaa karaa seeraan alaatiin qabate kamiyyuu darbiinsa yeroo akka mormiitti dhiyeessuu hin danda'u.
  - Nama mirga abbaa qabiyyummaa qabuun yookiin mootummaadhaan yeroo kamiyyuu akka gadi lakkisuuf gaafatamuu ni danda'a.
  - Ta'us, tumaan kun qabiyyee dhuunfaa Labsiin 248/15 hojiirra ooluun dura waggaa 10 oliif qabame ilaalchisee raawwatiinsa hin qabaatu
  - Kew.53(3) -- darbiinsi yeroo gaaffi mirgoota waliigaltee, dhaala, kennaa kkf ilaalchisee jiru akkatuma seerota dhimma kana bulchaniin.

DHIMMWF, JIILDII 21FFAA, LG 125186

- የገጠር መሬት በመሬት ህጉ የተቀመጡ ክልከላዎች ሳይከበሩ በውርስና/ በስጦታ ቢተላለፍ
- ህጉን ያልጠበቀ የገጠር መሬት ይዞታ በኑዛዜ ወይም በስጦታ የተላለፈለት ወገን (E.G. FOR DONATION AS PER ART 2441 OF THE CIVIL CODE) በሁለት አመት መጠየቅ ነበረበት ሊባል የሚችል ያለመሆኑን ከልዩ ህጎቹ ድንጋጌዎች ይዘት እና መሰረታዊ አላማ የምንረዳው ሆኖ አግኝተናል።

GOCHAAWWAN DHOORKAMANII FI ADABBII YAKKAA

- Labsii 248/2015 keessatti gochaalee dhorkaa ta’an keewwata 54 jalatti adda baasuun tumuun, nama gochaalee dhorkaman kana irra darbe immoo adabbii yakkaa adabamuu qabu keewwata 55 jalatti bal’inaan tumamee jira.
- Isaan kana keessaas:
  - Lafa baadiyyaa seeraan ala qabachuu/ gurguruu/dabarsuu
  - Ragaa sobaa fayyadamuun lafa baadiyyaa …
  - Haala karoorri ittifayyadama lafaa hayyamuun ala irraan gadee qotuun, lafa ejjenni isaa% 60 ol ta’e qotuun, daagaa hojjatame diiguu kkf
  - Ragaa sobaatiin wabummaadhaan akka qabsiifamu taasisuu kkf
- Kwt 55 – gochaalee kanneeniif adabbiin **hidhaa cimaa** (wagga 1-10 gahuu danda’an akkuma dhimma isaatti) **fi maallaqaa** (hanga qa15000) teechiseera.

SEERA LAFA MAGAALAA

QABIYYEE LEENJICHAA

1. Dhimmoota waliigalaa (Seensa)
2. Argannaa Lafa Magaalaa
3. Waliigaltee Liizii: Maalummaa, Kaffaltii liizii, Turmaata, Fooyyessuu
4. Mirgaa fi Dirqama waliigaltootaa
5. Qabiyyee Liizii: Dabarsuu, Wabummaan Qabsiisuu
6. Qabiyyee seeraan alaa fi ijaarsa seeraan alaa
7. Qabiyyee durii
8. Sirnaa fi adeemsa qulqulleeffanaa mirga abbaa qabiyyummaa
9. Hiikkaa Waldiddaa fi Aangoo manneen murtii

LABSII LIIZII LAKK. 721/2004

- Namni liiziin akka lafa magaalaa qabatu hayyamameef tokko qaama mootummaa dhimmi ilaallatu waliin walii galtee mallateessuu qaba.
- Sana booda waraqaan ragaa mirga abbaa qabiyyumaa liizii ni kennamaaf.
- Kaffaltii liiziis ni kaffala.
- Faayidaa uummataatif qabiyyeen liizii yoo barbaaddame beenyaa kanfaluun gad lakkisiisuu.
- Dambiin lafa magaalaa liiziin bulchuuf bahe lakk. 155/2005 fi kan isa kana fooyyesse 182/2008 tumaalee labsichaa tokko tokkoof tarreeffama teechisuuf kan yaalanidha.

MAALUMMAA LIIZII

- Labsii liizii lakk.721/2004 kwt. 2(1) fi dambii lakk.**182 /2008** kwt 2/6
  - Liizii jechuun sirna qabiyyee lafaa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa waliigaltee daangaa yeroon murtaa'eetiin itti argamu dha.
  - Lease means a system of land tenure by which the right of use of urban land is acquired under a contract of a definite period.

AKKAATAA ARGANNAA LAFA MAGAALAA

- Hallan argannaa mirga liizii lafa magaalaa labsichaan fudhatama argatan:

1. Calbaasiin,
2. Walii galteen,
3. Ramaddii fi **kanneen biroo**

- Namni kamiyyuu lafa magaalaa sababa seera qabeessa ta’eef liiziin argachuu danda’a. (Labsii kwt 4)
- Lafti magaalaa kamiyyuu kan kennamu yookiin darbu pilaanii magaalaa irratti hundaa’ee seera liiziitiin qofa ta’a. Lafti magaalaa liiziin kan kennamu caalbaasiidhaan yookiin ramaddiidhaan qofa ta’a. (Labsii kwt. 5(1) fi dambii kwt 5/2)
- Akka qajeeltootti lafti magaalaa kan darbu calbaasiin yoo ta’u haala addaan garuu namoota adda bahanii seeraan tarreeffamaniif ramaddiin kennamuufi danda’a. (Labsii kwt 12 fi dambii kwt’n 24-26)

>>AKKAATAA ARGANNAA

- Dambiin kun kwt 5(3) jalatti magaalota bu’uura labsicha keewwata 5(4) tiin yeroo murtaa’eef sirni liizii irratti hin raawwatamne keessatti lafti magaalaa kan hayyamamu caalbaasii fi ramaddii sirna kiraatiin ta’a.
- Haalli addaa yeroodhaafis ta’u sirni bulchiinsa liizii lafa magaalaa irratti hin rawwatamne magaalota kaabineen naannoo adda baasuun tarreessee dambiin kaa’uu fi qabiyyee durii kan laallatan qofa dha.
- Haa ta’uutii garuu, murteen kaabinee naannoo kun magaalota kanneen kan sirna liiziin ala gochuu danda’u yoo guddate waggaa 5’f qofa.

DHIMMWF, JIILDII 20, LAK.G.111311 (DHIMMA 22FFAA)

- Labsiin liizii lakk 721/2004 kwtn 5/2/ fi/4/ namni kamuu lafa magaalaa cinaa lafa isaa seera qabeessa ta’ee jiru qaama aangoo qabu irraa hayyama osoo hin argatin baballifatee qabiyyee isaatti daangeffachuu akka hin dandeenye ifatti kaa’a.
- Namni osoo haala kanaan hayyama hin argatiin dallaa irratti waan ijaaree fi gibira waan itti gabbaraa waggaa 10 qabateef qofa qaamni mootummaa gaafa gadi lakkisi jedhu jeequmsi narraa haa dhaabatu jechuuf mirga hin qabu.
- Bu’uura 1149 tiin mirga caalmaa hin qabu.

DHIMMWF, JIILDII 20, LAK.G.111311

የአሁን ተጠሪ አስራካሪ የሆነውን ቦታ በሊዝ ወደ ይዞታቸው ለመቀላቀል አቅርበውት የነበረው ጥያቄም ተቀባይነት አግኝቶ ያልተፈፀመ መሆኑን ገልፀው ቦታውን የያዝኩት ከሊዝ አዋጁ መውጣት በፊት ሲሆን ነባር ይዞታን ወደ ሊዝ ስሪት በመቀየር ከቀድሞ ይዞታቸው ጋር እንዲካተትላቸው እየጠየቁ በሂደት ላይ ያለ ሁኔታ መኖሩን፣ የክርክሩ ሂደት ያሳያል።

